

# Akkamiin Haala Fayyaaleessa ta'een Eid akka kabajamu

## Tatamsa'ina COVID-19 ittisuuf qajeelfamoota fayyadan:

- Yoo danda'ameef masjiidatti, manneen nyaataatti ykn mana keessan keessatti walitti qabama bal'aa hin taasisinaa ykn hin hirmaatinaa. Yoo isa kana kan gootan ta'eef gorsa armaan gadii hordofaa:
  - Yoo danda'ameef walitti qabamuu kan mana keessatti taasifamu caalmaatti kan manaan alatti geggeeffamu hirmaachuu ykn qopheessuu.
  - Nama wajjin hin jiraanne kam iyyuu yoo ta'e mana keessatti maaskii godhachuu. Yoo manaan alatti iddoowwan namni walitti baay'atu keessa dhaqan, maaskii godhachuu akka qabdanitu gorfama.
  - Nama waliin hin jiraanne kam irraa iyyuu fageenya faana 6 fagaachuu.
- Erguma talaalamtaniin boodayyuu taanaan imala keessan tursuuf yaalaa.
  - Yoo imala taasifan hundumaa, yeroo deebitanitti hawaasa keessanitti COVID-19 kana tamsaasuu dandeessu. Gosi COVID-19 akka hin tamsaane ittisuuf deggersa taasisaa.
- Yoo nama COVID-19 iin qabamee jirutti, nama dhukkubsatee jirutti, ykn nama yeroo dhiyootti imalee tureetti saaxilamtee jirata yoo ta'e qorannoo taasifadhu ykn ilaalami.

## Namoonni hin talaalamne qajeelfama isaan hordofuu qaban:

Yoo namoota si waliin hin jiraanne biroo wajjin kan walitti qabama qabda ta'e, kuniin armaan gadii yaadachuun isin barbaachisaadha:

- Walitti qabamni kan mana keessatti yoo taasifamu, haguuggii fuulaa godhadhaa. Yoo manaan alatti iddoowwan namni walitti baay'atu keessa dhaqan, ammallee maaskii godhachuu akka qabdanitu gorfama.
- Nama kan biroo irraa yoo xiqqaate fageenya faana 6 fagaachuu.
- Bakka sirriitti qilleensa argachuun danda'amutti walitti qabamaa. Yoo mana keessatti kan walitti qabamtan ta'e, foddawwanii fi balbala banuudhaan qilleensa qulqulluu akka seenu taasisuu.
- Yeroo qufaatani fi haxxiffattanitti ukkaamfadhaa, akkasumas harka keessan dhiqachuu ykn saniitaayizariidhaan qulleeffadhaa.
- Namni tokko qorannoo COVID-19 tiif bahiin isaa posatiiva yoo ta'e, keessumoota wal-ga'ii sanarratti argaman beekuun yoo barbaachiseef maqaa isaanii tarreessun qabachuu.

- Wal-gahii guddaa ta'e irratti erga hirmaattaniin booda, yoo xinnaate guyyoota shan booda qorannoo fayyummaa keessanii taasisaa.

**Yoo sababa isin dhukkubeeff bahii qorannoo COVID-19 eeguutti kan jirtan ta'e, ykn nama dhibee COVID-19 qabu waliin walitti dhufeenya dhiyoo kan taasiftan ta'e, mana keessan turaa malee walitti qabama hawaasaa irratti hin hirmaatinaa.**

**Gahumsa kan qabdan yoo ta'e talaallii fudhadhaa. COVID-19 kanaan akka hin qabamneef, akkasumas hawaasicha waliin nagaatti jiraachuuf jecha talaallamuun daandii filatamaa dha.**

## **Namoonni talaallii argatan qajeelfama isaan hordofuu qaban.**

COVID-19 tiif guutummaatti talaalamtanii jirtu yoo ta'eef, akkasumas erga talaallii isa marsaa lammaffaa erga fudhattanii yoo xiqqaate turban lama kan guute yoo ta'e (qaamni keessan dandeettii(anniisaa) dhibee of irraa ittisuu horuuf yeroo ga'aa ni qabaata).

- Namoota hin talaalamne waliin yeroo walitti qabamtanitti ykn nama sababa dhibee COVID-19 tiif haala rakkisaa irratti argamu mana isaa daawwattanitti, maaskii keessan godhadhaa.
- **Namoota guutummaatti talaalaman** waliin mana keessatti walga'ii gurmuu xiqqaa taasisuun ni danda'ama. Walitti qabama bal'aa ta'e taasisuu dhiisuu.
- Namoota hin talaalamne waliin mana keessatti osoo maaskii hin godhatin, walitti qabama taasisuu dandeessu (Fknf, firootan isin waliin jiraatan daawwachuu).
  - Namoota dhibee COVID-19 tiin yoo qabamaan haalaan dhukkubsaachuu malaan takkumaa **hin daawwatiin.**

Maaskii osoo hin godhatin namoota biroo waliin manaan alatti walitti qabamuu dandeessu, garuu kan isin waan kana gochuu hin dandeenye yoo kanneen akka qophii ispoortii ta'e, konsertii manaan alattii, ykn bakkeewwan namoota kan biroo irraa fageenya faana miillaa 6 eeguun hin danda'amnee fi namoota isin hin beekne ta'ee dha. Gorsj, yoomessa isaanii irratti hundaa'uudhaan garaa gara ta'uu danda'u.



**Maaskii godhachuu.**



**Harka dhiqachuu.**



**Faana 6 walirraa fagaachuu**



**Yoo miirri**

**dhukkubbii isinitti dhagahame mana turuu.**



Minnesota Department of Health | [health.mn.gov](https://health.mn.gov) | 651-201-5000  
625 Robert Street North PO Box 64975, St. Paul, MN 55164-0975

Roga filatamaa kan biroo gaafachuuf [health.communications@state.mn.us](mailto:health.communications@state.mn.us) quunnamaa.